Australian Government
Department of Education and Training

Kara Sagantaa Afaan English Godaansa Nam-guddaa (Adult Migrant English Program) afaan English barachuu

Adult Migrant English Program

Afaan English afaan biyyoolessaa Australia ti. Namootni Australia keessaa afaanota hedduu dubbatu, garuu afaan English hubachuun jireenya Australia keessatti guutummaatti akka hirmaattu si gargaara. Afaan English yoo beekte malee Lammummaa Australia fudhachuun, tajaajila barbaachisaa tahe argachuun fi of-irrati irkattee (independent) jiraachuun si rakka.

Afaan English barachuu akka si gargaaruuf, tarii Sagantaa Afaan English Godaansa Nam-guddaa (Adult Migrant English Program (AMEP) hordofuu dandeessa taha.

AMEP maali?

AMEP Mootummaa Australia (Australian Government) maallaqaan kan deggeramu godaantotaa fi kanneen hayyama namoomaan seenaniif afaan English tola sa'aa 510 akka baratan kan gargaaruu dha. Kan yoo ati viza dhaabbatummaan as jiraachuu yokan viza kan yeroof hayyamamte tahee fi kan yoo afaan English xiqqoo dandeessa yokan hin dandeessu tahee tarii AMEP siif hayyamamuu danda'a. Godaantotni dardarri hangi tokko kan umuriin isaanii wagga 15 fi 17 gidduu tahanis tarii kanaaf gahoo tahuu malu.

Barmoota AMEP keessatti, afaan English fi odeeffannoo waa'ee hawaasa Australia ni baratta. Namoota haaraa dhufan waliin wal agartee firoota haaraas tarii baasachuu dandeessa. Kunis walumaan akka ati fi maatiin kee Australia keessa gahaati qubatan gargaara. Afaan English akkasumas yoo ati Australia keessa dalaguu fedhtee baay'ee barbaachisaa dha.

AMEP kaneen tajaajila kennuuf hayyama ragaa itti qabanii fi barsiisota namoota afaan kan biro dubbatan English barsiisuuf leenjisamaniin kennama.

Akkamiin itti galmaawa?

Barmoota afaan English AMEP hordofuuf kanneen barmoota kana kennuuf AMEP irraa raga itti qaban waliin Australia seentee baatii jaha keessatti yokan guyyaa viza siif kenname irraa eegaltee itti galmeessamuu qabda. Itti galmeessamtees erga Australia keessa seentee yokan vizan siif kenname irraa eegaltee baatii 12 keessatti afaan English barachuu eegaluu qabda.

Australia keessa seentee yokan guyyaa hayyama viza argatte irraa eegaltee kara AMEP afaan English barachuuf waggaa shan qabda. Tarii si barbaachisummaan isaa ilaalamee sa'aan barmootaa siif dabalamuu mala.

Kan si barsiisanis sadarkaa barmootaa siif barbaachisu akka ati filattu si gargaaruudhaan akka ati hamma danda'ametti itti-baha gaarii argattu si gargaaran. Sagantaan barmootaa turban guutuu fi kan torban keessaa guyyaa muraasaa akkasumas bakka adda addaatti waan kennamuuf yeroo fi bakka siif mijjatutti barachuu dandeessa.

Madda barsiisaa (Tuition streams)

Waan si barbaachisu akka argattuuf kan AMEP siif kennan maddeen barsiisaa gudguddaa lama keessaa akka filattu si gargaaran:

- Barsiisa English dalagaaf si qophessu (pre-employment) – namoota afaan English isaanii bakka dalagaatti shaakaluu fedhan, yokan kan gara dalagaa dhaabbataatti isaan geessuuf leenjii dabalaa warreen barbaadaniif kan kennamu.
- Barsiisa Englsih Jireenya gamtaa (Social English stream) – Namoota afaan dubbannaa English isaanii fooyyessachuudhaan of danda'anii hawaasa naannoo isaanii keessa jiraachuu barbaadaniif kan kennamuu dha.

Tarii sa'aa 510 seeraan siif hayyamame barsiisa madda tokko isaa yokan wal makaa (combination) madda lamaanuu kanaan oliitti dhimma bahuu dandeessa.

Kanneen tumsa galii ittiin jireenyaa (income support) dirqama waliigaltee barbaachisaa tahe itti waliigalan waan qabaniif Barsiisa English Jreenya Gamtaa (Social English) barachuuf gahaa hin tahan.

Yoo ani gara barumsaa hin dhaqu tahe maaltu taha?

Yoo gara mana barumsaa dhufuu hin dandeessu tahe kan AMEP si barsiisaa jiranitti dubbadhu. Kan gargaarsa kana siif godhanis akka ati qe'ee kee keessatti yokan sararaa interneta irraan barsiisota fageenya irraa afaan English si gargaaran siif qopheessuudhaan si gargaaruu malan.

Sararaa irraan (e-learning) gargaaramtees gosa barmootaa AMEP kennamu kan www.amepdl.net.au irra jiru ofiin of barsiisuu dandeessa. Gosni barmootaa kun eenyumaaf illee (namoota AMEP galmeessaman qofa miti) akka afaan English barataniif tola kennama.

Sagantaalee dabalaa AMEP

Yoo addatti (qofaatti) (special needs) kan si barbaachisu tahe tarii barmoota dabalaaf gahaa tahuu malta.

Sagantaa Qophaahinsa Addaa (Special Preparatory Program)

Sagantaan Qophaahinsa Addaa (Special Preparatory Program (SPP) kanneen hayyama namoomaatiin seenaniif godaansa isaaniin duratti kan rakkoon isaan mudattee fi barachuuf hiree xiqqoo qabaataniif sa'aan barumsaa dabalaa ni kennama.

Afaan Qubsumaa gara Dalagaa fi Leenjiitti Ceesisu (Settlement Language Pathways to Employment and Training)

Settlement Language Pathways to Employment and Training (SLPET) barattoota sagantaa kanaaf gahoo tahan barmoota dalagaa ittii barbaaddachuuf isaan gargaaruu fi aadaa fi akkaataa bakka dalagaa Australia waliin kan wal isaan barsiisuu dha.

SLPET barsiisa hujii adda afaan English (vocation-specific English language) sa'aa barmoota afaan English hamma 200, bakkoota hujiinsaa (industry) gara garaatti muuxannoo kan ittiin horatan sa'aa 80 kan dabalu sagantaa barumsaa kennamuu dha.

Dheertiinsa AMEP (AMEP Extend)

Saantaan Dheeratiinsa AMEP (AMEP Extend) bartoota sa'aa afaan English 510 kennameef xumuratanii afaan English gahaa isaan taasisu dhuunfachuun isaan rakkiseef sagantaa dabalaa kan hamma sa'aa 490 tahu bartoota barsiisa kanaaf gahoo tahaniif kan kennamuu dha.

Oolmaa daa'immanii AMEP (AMEP child care)

Kanneen sagantaa AMEP siif kennan yeroo ati barumsa irra jirtutti ijoollota keetiif bakka oolmaa daa'immanii tolaa siif qopheessan. Oolmaan daa'immanii tolaa kun ijoollota waggaan dhaloota isaanii mana barumsaa seenuuf hin gahinii qofaaf kennama.

Qajeelfama cehumsa AMEP (AMEP pathway guidance)

Kanneen tajaajila AMEP siif kennan qajeelfama cehumsaa kan ati galii kee gara fuulduraa ittiin qiyyaasattu, galii maallaqaa kan egeree kee, hiree barmoota dabalaa (further education) fi barumsa siif wayyu murteessachuu si dandeessisu irratti si gargaaran.

Odeeffannoo dabalaaf

AMEP	Akka itti qunnamtu
Bilbila	13 38 73
Marsariitee AMEP	www.education.gov.au/amep
Email	skilling@education.gov.au
Odeeffannoo afaanota kan birootiin (languages other than English)	www.education.gov.au/amep-information-other-languages
English eessattin baradha? AMEP providers and learning centres	www.education.gov.au/adult-migrant-english-program-service-providers
AMEP online	www.amepdl.net.au